**ERGAAMA GUDDICHA ; ETHE GREAT COMMISSION**

Ergaa guddichi maali ;mat 28;18-20

*#Ergaa guddichii kan inni kennameef Waaqayyoo namootni akka fayyaan gara dhugaa bekuutti akka dhufaniif ni feedha.kanaaf namootni du'a bara baraa jalaa oluudhaan gara jireenya bara baraatti akka dhufaanifi jireenyichas akka isaan dhaalaniif; fayyina gudda isa ta'e gara waamicha kanaatti akka dhufaniif,waamicha gochuufi ykn dhugaa baatu dubbichaa akka taanuuf,namoota humdumaa fayyisuuf lubbuu isaa kan laate Yesuus Kiristoosin namoota hundumaatti beeksisuudha.Ergaan kuniis jecha xumuuraa YESUUS IMAANAA GUDDAA godhee kennee gara mirga Waaqayyo Abbaatti ol ba'eedha.*

-kiristoos hojii mootummaa isaa akka hojjetaniif aboo yoo isaaniif kennu hojii kanaaf immoo akka isaan deeman isaan abboomeera; mat 28 ;18-20 10;1-2 mar 1;17

QABIYYEE ERGAA GUDDICHAA

Mat 28;18-20 ; yesus immoo gara isaanitti dhi'aatee;-

*gooftummaa hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennameera [AANGOO /POWER]

* Egaa dhaqaa maqaa abbaa fi kan ilmaa .kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudha saba hundumaa bartoota koo godhaa ; waanan isin abboome hundumaa eeguus isaan barsiisaa [ERGAMA /COMMISSION

- kunoo ani immoo ammaa amma dhuma baraatti guyyaa hundumaaf isinii wajjinan jira ;ABDII /HOPE

Ergaa guddichi qabiyyee gurguddaa SADII of keessaa qaba.

1 Aboo [power] 2 Ergama[ commission] 3 Abdii [hope]

1 Aboo[gooftummaa –power] ;gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennameer ‘’ jechi kun
   A yesus abbaa ergichaa ta'uu isaa nuuf ibsa .
   B ija jabina nuuf baasa .
   C soda nu daangessu baasa .
   D humni nu daangessu akka hin jirre nutti hima.
   E abbaan aangoo olaanaan yesussu ta'uu isaa nuuf ibsa .
2 Ergama [commission]
- Dhaquu /deemuu ;
- Deemne warra karaa jireenyuu irraa badan barbaaduu akka qabnu nutti hima.
- Dirqama wangeela babal'isuu nutti kenna.mar 16;15 gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa.

Ergamni keenya waantoota gurguddoo lama of keessaa qaba.

1 warra badan barbaaduu fi
2 warra ifni jireenyaa bira hin ga'iniif ibsuu dha.

1 Warra badan barbaaduu;Luq ;15 1-32

A saba danuu keessaa ba'anii warra badan fkn hoolaa badee

- Sababa adda addaan warra amantii keessaa badan .
- Warra cubbuun mo'amanii tokkummaa obbolootaa dheessan 'ykn dabaluu .

B warra mana keessa badan [Luq .15;8-10] fkn meetii badee

- Warra utuuma tajaajilanii kufaatii hafuura keessa jiran .
- Warra wangeelli dhagna ta'eefii jiraatti du'an
- Warra ija jabinaan cubbuu hojjetan
- Warra of hin arginee
- Wali gorsuu fii wal jabaeesuu dha .

2 Ergamni keenya inni lammaffaan warra ifni jireenyaa bira hin ga'iniif ibsuu dha.

- Warra takkaa waa'ee yesus dhaga'anii hin beekne '
- Lubbuu gooftaa yesuusiin fayisaa dhuunfaa ishee gootee hin fudhatintti dhugaa ba'uu dha'

Kanaafuu kun yeroo dha. Kun yeroo miti utuu hin jedhin warra wangeelli bira hin ga'in biraan wangeela ga'uuf kaaneen deemuu qabna .

3 ***Abdii(Hope):***

*"kunoo ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjiinan jira."*

- ✓ *Ariyatama nutti dhufuuf abdii qabna. 2Qor 4''9-12*
- ✓ *Yeroo dhugaa baanu kophaa kenyaa akka hintaane nu hubachiisa.nu wajjiin ta'ee nu jajjaabeessa.*

****wanti nuti gochuu qabnu:***

*-yeroo mara kadhachuu.Namni kadhannaa hinqabne akka konkolaataa boba'aa fixeeti.*

*-sagalee waqayyoo sirriitti nyaachuu.Hisq3:1 1Mot19:7 Iyas1:8 Efs6:10-17 2phex1:9 Erm15:16*

*-Fakkeenya ta'uu. 1xim 4:12*

*=dubbii afaaniin Mat12:33-37*

*=jireenyaan Gal 5:22-23*

WAAMUU ;qalbii akka gedderataniif gargaaruu

- Sadan tokkummaatti waamuu .

*Bartuu /duuka buutuu gochuu ; warra amane deebisnee ergaa guddichaaf qopheessuu.

*Barsiisuu ; isa amananitti jabaatanii amma dhumaatti akka dhaabataniif barsiisuu dha

**3.1 ERGAA GUDDICHA GALMAAN GA 'UUN MAALIF BARBAACHISE .**

A Abboommii gooftaa waan ta'eef mat 28;18-20 mar 16;15 hoe 1;8

B misiraachoo fayyinaa labsuuf mat 1;21

C Namootni Kiristoosiin utuu hin beekni badaa waan jiraniif . Yoh 14;6

D beelaa fi dheebuu hafuuraatiin qabamanii gargaarsaaf gara keenyatti kan iyyan waan jiraaniif Hoe 16;9

E utuu yesus deebi'e hin dhufin. Dhalootni hundinuu utuu hin darbin dura nama hudumaatti ariitiin wangeelli lallabamuu waan qabuuf .Yoh 24;14.

**3,2 ERGAA GUDDICHA RAAWWACHUUF YOOM EEGALUU QABNA**

A. AMMA Yoh 3;16 2phex .3;9

B Yeroo nuuf kenname utuu hin dabarsin ; Efe 5;16 Qol 4;5

C yeroo nuuf kenname ittii hojechuu dhaan . 2xim 4;2

**ERGAA GUDDICHA GALMAAN GA'UUN DIRQAMA EENYUU TI .**

* nama wangeelatti amane maraa ti

* waldaa kiristaan

**3,3 NAMOOTNI HOJII ERGAA GUDDICHA KANAAF TA'AN NAMOOTA ATTAMIITI .**

A guddisee isaanii kan dhaga'an 1yoh 1;1

B warra kaan barsiisuu kan danda'an ; 2xim 2;2

C Namoota amanamoo fak 20 ;6 2sen 16;9

D galfata kennuu kan danda 'an 2xim 2;2

ERGAA GUDDICHI ATTAMITTI RAAWWATAMA .

1 Booji'uudhaan ; fkn kiristoos ; namoota dhuunfaa Yoh 4;5-26

* gartuu gochuu yoh; 7;35-44

-Ijaaruudhaan fkn kristoos

- Bartoota godhachuuf namoota muraasa qofa filate .
- Isaanii wajjin yeroo isaa dabarsaa ture.

2 Walitti dhufeenya waaqayyoo wajjin qaban attamitti guddifachuu akka qaban ni barsiisa ture
-mar 3;13 -14 kiristoos leenjii walitti fufaa bartoota isaaf kennaa tajaajila isaanii attamiin raawwachuun akka isaan irra jiru isaan barsiisaa ture.

3 Erguudhaan mat 28;18 YOh 20;21 2 xim 2;2

*Qormaata rakkisaa dura keenyaa nu eggatu darbuuf kan nuti dandeenyu ,guutummaa guututti jireenya keenya kiristoosiif kennuu yoo murteessine qofadha

*Sodaachuu in qabnu marq 13;11

4 ERGAAN GUDDICHI QABXIILEE GURGUDDOO AFUR OF KEESSAA QABA.

1 Wangeela mootummaa waaqayyoo lallabuun namoota gara fayyinaatti waamuu.

2 warra amanan cuuphuun amantoota taasisuu.

3 Amantoota dubbii waaqayyootti akka guddatan gochuun amantii keessatti guddisuun barsiisuu

4 Warra barsiifaman kana bartuu gochuun deebifnee ergaa

3.4 KARAA JIREENYA HAFUURA ITNI CIMUU.

***1 waamicha biyya lafaan gahu.***

**Kaayyoo:** *Wa'ee kiristoos biyya lafaa hundumaan akka gessuuf si kakaasuu.*

**Galma:** *kaayyoo Waaqayyoo biyya lafaaf qabu si hubachisu.*

***:****Toftaa ittiin jireenya haaraa biyyaa lafaan geenyu akka beeknuf.*

***#****Waamicha hafuura biyya lafaan gahuu keessatti kan hubachuu qabnu:*

1) *Kaayyoo Waaqayyo biyya lafaa kanaaf qabu: Laphee namoota keessa seeraa fi namuusa isaa kaa'uudhaan,motummaa isaa biyya lafaa irratt ijaaruudha.*
2) *Kaayyo namni waqayyoo jireenya isaatti qabaachu qabu:*
   - ✓ *Waqayyoon ulfessuu(kabajuu) 1Qor10:31*
   - ✓ *Dhaamsa dhumaa Yesuus bartoota isaatif laate fudhachuu Mat 28:18-20 Mar16:15*

*#Tajaajila kanaaf kan nu qopheessu fi waan barbaachisu kan nuuf kennu Waqayyoodha. Efs4:11-16 Hoe 1:8*

*#Fakkeenya macaafa qulqulluu: Hoe20:17-38=Phawuulos irraa waan 4 baranna:*

i. *Hirmaataa jireenya isaani ture. Hoe20:17-19*
ii. *Utuu of hin qusaatin yaadaaf dhugaa Waqayyoo dabarsaa ture. Hoe 20:20,21,24,27*
iii. *Gatii isaa kan murteesse ture. Hoe 20:22-23*
iv. *Ofii isaa arsaaf kan qopheessee ture. Hoe20:23-38*

*#Bara keenya kanattii mala ittiin hojiitti jijjjiirruu:*

i. *Seerota bu'uuraa fayyadamuun:*

**Jireenya phawuloosirraa kan nuti barru: Hoe19:1 ,7-10*

- ✓ *Bartuu amanamaa ta'uu.*
- ✓ *Ija jabinaan dubbachuu.*
- ✓ *Bartuu ijaaruu irraatti xiyyeeffachuu*
- ✓ *Namoota murtaa'oo filachuun tajaajila dhaabbataa kennuu.*
- ✓ *Naannoo hundaa wangeelaan ga'uu.*

ii. *Maloota fayyadamuun:*

- ✓ *Amantoonni bartoota bay'achaa adeeman gochuu.*
- ✓ *Jireenya hafuuraafi tajaajilatti ga'oo gochuu.*
- ✓ *Baay'een wangeela akka dhaga'aanif maloota adda addaa fayyadamuu. Fknf Filmii Yesuus,Digital strategy(Facebook,youtube,d/t website etc…)*
- ✓ *Lubbuu haaraa leenji barattuummatti(duukaa ba'umsaatti) guddisuufi lenjisanii nannoo isaani akka ga'an gochuu.*

***2.Kiristaana ta'uuke mirkaneeffadhu.***

***Kaayyoo:****kiristaanaaf mucaa Waaqayyoo ta'uuke si hubachiisuuf*

**Galma:***Kiristoosin akkamitti gara jireenya keetti simachuu akka dandeessu hubatta.*

*#Kiristoosin gara jireenya keetti yeroo simattu wantoonnii jireenya kee kessaatti raawwatan:*

1. *Jijjiirama beekumsaa*
2. *Jijjiiirama miiraa*
3. *Jijjiirama fedhaa*

#Kiritaana ta'uuke karaa lamaa barta:

- ✓ *Sagalee waqayyootin:*
- ✓ *Dhugaa ba'uumsa hafuura qulqulluun keessa keenyatti himuun:*

*#Kiriistaana ta'uukeen eebbawwan argaman:*

- ✓ *Jireenya bara baraa 1Yoh5:11-12*
- ✓ *Aboo ijoollee waaqayyoo ta'uu Yoh1:12*
- ✓ *Dhiifamuu cubbuu Qol 1:14*
- ✓ *Deemsa jireenya keenyaa mirkaneeffachuu*

*#Dhugaa ba'uumsi H/Q keessa keenyatti kan ibsu:*

- ✓ *Kan waaqayyoo akka taane Rom8:16*
- ✓ *Jireenyi keenya human H/Qn jijjiiramuu.*

*#Kiristaana ta'uukeef dhugaawwaan bu'uraa nu gargaaran*

**Seerota hafuura arfan(Four Laws) sirriitti qayyabadhu.*

***3.Jaalalaa fi araara Waaqayyoo shaakaluu.***

***Kaayyoo:****Jalalaaf araara Waaqayyoo shaakaluu fi akkamitti akka yakkakee himattu.*

***Galma:****Enyuummaa Yesuus kiristoosif maaliif gara biyya lafaa akkanni dhufe bekuuf.*

***:****1Qor2:14-15,3:1-3 irra kan jiru akaaku namoota sadanii(3) hubachuuf.*

***:****Malummaa yaad-rimee "sirna hargansuu hafuuraa" hubachuuf.*

A. ***Iyyeesuus kiristoos enyuudha?***
   - ➢ *Waaqadha. Isy 9:6 Yoh 14:9-11 Yoh 10:30 Yoh 8:56-58*
   - ➢ *Ilma Waaqayyooti. Mat17:5-7 Mat 3:17 Yoh 5:25-26 Luq 1:35 Mat 16:15-17 Yoh 1:18 1Yoh 3:8 1Yoh 1:7*
   - ➢ *Gooftaadha. Yoh13:13 Luq 2:11 Hoe 16:31 Mat 28:18*
   - ➢ *Jalqabaaf dhuma. Mul 1:17-18 Mul 1:17-18 Mul 22:13*
   - ➢ *Ni sagadam,Ni waaqeffama. Yoh 9:38 Mat 14:33 Luq 24:52 Filph 2:10 Ibr 1:6 Mul 5:14*
   - ➢ *Bara durii kaase kan tureedha.Yoh 8:58 Yoh 17:5*
   - ➢ *Jireenya kennuuf aangoofi dandeetti qaba. Yoh !:4 Yoh 5:21 Yoh 14:6*

B. ***Iyyeesuus kiristoos maalif gara biyya lafaa dhufe:***

- ➢ *Jireenya bara baraa nu laachuudhaaf. Yoh 3:16*
- ➢ *Namoota fayyisuuf,lubbuu isaa kennuu dhufe. Mat 20:28 Yoh15:13 Rom3:25-26 1Yoh1:7*
- ➢ *Namootaa fi Waaqayyoon walitti araarsuuf. Rom 5:10-11 2Qor5:18-19 Efs2:16*
- ➢ *Gatii cubbuu namootaa irraa kaasuuf. Qol 2:14 Galt 3:13 2Qor 3:4-6*

*# Macaafni qulqulluun nama bakka sadiitti qooda:*

1. ***Nama uumamaa****:Nama kiristaana hin ta'iinidha. 1Qor 2:14*
2. ***Nama hafuuraa****:kiristaana ta'ee nama hafuura waqayyoo jala jiruu fi H/Qn kan guutamedha. 1Qor2:15-16*
3. ***Kiristaana foonii****:kiristaana ta'ee jabina mataa isaatiin jiraachuu kan barbaadudha ykn kan yaaludha. 1Qor 3:1-3*

   ********Kiristaanni foonii;fonummaa isaa dhisuun jalaala fi araara(dhiifama) waaqayyoo amantiidhaan shaakalu ni danda'a. Rom 7:25 8:4*

*# Hafuurri qulqulluun madda humnaati.*

*# humna fudhachuuf* ***amantiin*** *isa duraati.*

*# Cubbuu keenya yeroo himannu,sirna hargansuu hafuuraa fayyadamuudhaan:*

- *Gara alaatti yemmuu hargannuu cubbamaa ta'uu keenya Waaqayyoo wajjin walii galla. 1yoh1:9*
- *Gara keessaatti harganuun dursa gara alaatti harganna;sababni isaa humni hafuura waaqayyoo keessa keenyatti akka hojjetuuf waltajjii mijataa banuu jechuudha.*

*# Bu'uurri araara argachuu keenyaa kiristoos bakka keenya bu'ee cubbuu kenyaaf jedhee fannoo irratti du'uudha. Ibr 10:10-14*

*# Cubbuu keenya maaliif himanna:*

- *Ibsa amantii kenyaa waan ta'eef,*
- *Jaalala Waaqayyo nuuf qabuuf deebii kan ittiin kenniinu waan ta'eef,*
- *Waaqayyoo wajjiin tokkuummaan akka adeemnu waan nu gargaaruf, 1Yoh 1:7*

*# Himachuu jechuun cubbamaa ta'uu keenya Waqayyoo wajjiin walii galuu jechuudha.*

***4.Hafuura qulqulluun guutamuu.***

**Kaayyoo:***Amaantiif fedhii ofiitin akkaamittiin H/Qn guutamuun akka dnda'amu mul'isuuf,*

**Galma:***Enyuummaa H/Q fi maalif akka dhufe beeku.*

*# Hafuura qulqulluun guutamuu jechuun: to'annaa hafuura qulqulluu jala galuu,humna isaanis gutamuu jechuudha.*

**Bartoonni goftaa wajjiin waggaa sadii haa jiraatan malee ergaa guddiicha rawwachuuf qophaa'oo hin turre. Hoe 1:8*

*# Wanta Yesuus hojjete caalaatti akka hojjeennuuf abdii nuuf laateera.kuniis H/Qn hojiitti jijjiirama. Yoh 14:12-14*

***Hafuurri qulqullun eenyuudha?***

- ✓ *Gooftaadha. Hoe 5:3-4*
- ✓ *Qaama mataa isaa kan qabuudha. 1Qor12:11 1Tes 5:19 Efes 4:30*
- ✓ *Qaama sillaasee kessaa tokko ta'ee abbaaf ilmaa wajjiin wal qixxeedha. Mat 28:19 1Yoh:16:13-14*

***Hafuurri qulqulluun maaliif dhufe?***

- ✓ *Kiristoosiin ulfeessuuf(kabajuuf) Yoh 16:7*
- ✓ *Gara dhugaa hundumaatti nugeessuuf Yoh 16:13*
- ✓ *Kiriistoos akka beeknuuf isaaf akka jiraannuuf humna nuuf kennuuf.*
- ✓ *Jireenya irraa hafaa akka jiraannuuf. Yoh 7:37-39*
- ✓ *Dhugaa akka baanuuf. Hoe 1:8*
- ✓ *Kadhata bu'aa qabeessa kadhachuuf. Rom 8:26*

*# H/Qn gutamuun;geggeessaa fudhachuu fi humna hidhachuu jechuudha.*

*-H/Qn madda humna keenyaati.*

****Guutamuu:*** *geggeeffamuu,to'annaa jala ta'uu fi H/Qn humna fudhachuudha.*

*-kuniis deemsafedha gaafatudhaa. Innis **sirna hargansuu hafuuraa** jedhama.*

*-gara alaatti qalbii jijjiirrachuu fi gara kessaatti H/Qn guutamuudha.*

*- Waaqayyo irratti of gatuudha. Kanas yoo goone:*

- ✓ *Jireenya qulqullaa'e jiraanna. 1phex 1:14-16*
- ✓ *Ija hafuuraa godhanna. Yoh 15:8*
- ✓ *Deebii sagaalee Waqayyoo hubanna.*
- ✓ *Isa dhageenye jireenyaan mul'isna.*
- ✓ *Rakkoowwan jireenya har'aa borii keessatti mo'ichaan akka deemnu nu dandessisa. Rom 8:26 1Phex 4:12-14*

**Kiristaanni bay'een maaliif H/Qn hin guutamne:** 

- *Beekumsi hafuuraa itti hir'achuu irraa kan ka'e.*
- *Amantii dhabuudhaan.*

*-Waaqayyoon hin sodaatu malee hin amanan.*

*-Waaqayyo waan hin danda'amne waan isaanirra barbaadu itti fakkaata.*

*-Kaayyoo Waaqayyo isaanif qabu hammam akka ta'ee hin hubanne. Mat 6:33*

*-Yeroo kadhannaa gahaa dhabuu,yeroo mara cubbuu keessa deddeebi'uu fi yeroo qalbii jijjirrannaa gahaa dhabuu(cubbuu ofii himachuu dadhabuu).*

**** Akkamitti H/Qn guutamta?***

- ➢ *Amantiidhaan. Efs 2:8-9 Qol 2:6*
- ➢ *Haaldureewwan lapheeke murteessan beekun:*

*-Jireenya gooftaa gammachiisu jiraachu. Mat 5:6*

*-Cubbuu H/Qn si yadachiisuuf qalbii jijjiirrachuu. 1Yoh1:9*

*-Waaqayyootti jireenya keenya laachuu. Rom 12:1-2*

**Ragaa M/Qulqulluu: 1.Abboommi Waaqayyoo Efs 5:8 2.Abdii Waaqayyoo Yoh 5:14-15*

*# Bu'aan H/Qn guutamuu;cubbuuf du'uu fi Waaqayyoof jiraachuudha. Gal 2:20 Rom 8:13*

***5 Hafuura qulqulluun deddeebi'uu.***

***Kaayyoo:** Osoo wal irraa hin kutiin H/Qn akkamiitti akka deddeebinu.*

***Galma:** Duula hafuuraaf akkamitti akka qophooftu fi akka mucaa Waqayyootti aboo ati qabdu.*

******* *<u>Hafuura qulqulluun deddeebi'uuf:</u>*

*a. H/Qn guutamuuke mirkaneeffadhu.*
*b. To'annaa H/Q keessa ta'u. Efs 5:18*
*c. Sirna hargansuu hafuuraa shaakaluu.*

- *Kiristaana ta'uu keenyaan H/Qn keessa keenya jiraata. 1Qor 3:16*
- *Kiristaanni hafuuraa kiristaana fooni kan ta'u yommuu amalli amantii dhabuu keessa isaaniitti guddatudha. Rom 14:24 Yaq 1:5-8*
- *Jireenya keenya keessatti cubbuu osoo hin himatiin tursuu hin qabnu. 1Yoh 2:1-2*

*d. Miiraake hin amaniin,isaas hin hordofiin.*

**# *Duula hafuuraaf qophaa'uu:***

**Yeroo duula hafuuraaf qophoofnu:*

- *Duulli(loolli) kan Waaqayyoo malee kan keenya miti. 2Sen 20:15*
- *Huumnotni sadii amanaa tokko irratti loola akka geggeessaan beeku. Isaanis:*
  *1.Biyya lafaa Yoh16:33 1Yoh2:15-17*
  *2.Fon Gal 5:17*
  *3.Seexana 1Phex 5:8*

*# Akka mucaa Waaqayyootti eebbawwan qabnu:*

- *Efs 1:3-14 irratti ebbawwan mul'ifaman beekuufi yeroo ga'aa fudhachuun gooftaa duukaa dabarsuu.*
- *Jireenya kiriistanummaa jiraachuu kan dandeenyuu jibina Yesuusin;hafuurri qulqullun humna nuuf kennuunidha. Rom 8:5*
- *Amantiin jiraachu. Giddu galeessi amantii keenyaa Waaqayyoon waan ta'eef rakkiina(yaaddo) keenya hundumaa isa irratti akka gatnunu abbooma. 1Phex 5:7*

**Amantiike ibsachuuf karaa filatamaan Waaqayyoof galata galchuudha. 1Tes 5:18*

***6. Hafuura qulqulluun dhugaa ba'uu.***

**Kaayyoo:***Maalummaa dhugaa ba'uumsa fixaan bahee hubachuuf.*

**Galma:***Dhugaa ba'umsa hafuura tasifamuuf qophii dhunfaa akka tasiftuuf.*

*# Qophii dhuunfaa:*

- *Kiriistaana ta'uuke mirkaneeffadhu.*
- *Qalbii jijjiirradhu.*
- *Hafuura qulqulluun guutami.*
- *Amantii kiristoositti qabdu warra kaanitti himuuf qophaa'i. 1Phex 3:15-16*

*# Tarkaanfii fudhachuu:*

- *Kadhadhu: 2Phex 3:9 1Yoh 5:14-15*

- *Gara namoota dhaqi. Mat 28:18-20*
- *Waa'ee Yesuus dubbadhu. Qol 1:28*
  *-Falmii dhiisitii,jalalaan wangeela lallabi.*
- *Waaqayyo akka dhimma sitti ba'u amani.*

*# Dhugaa ba'uumsi tokko ni milkaa'ee ykn firii qabeessa kan jedhamu kaka'umsa mataa ofiin;amantiidhaan fayyiisuu yesuus kiristoos humnaafi geggessaa H/Qn dubbachuufi firii isaa garuu Waaqayyoof dhisuudha.*

Tooftaalee dhuga ba'umsaa kan walii gala

**3.5 YEROO KADHANAA QABACHUU**

1 ;Dubbate amansiisuu kan danda'u haafuura qulqulluu duwwaa dha. Yoh 6;65 hoe 4;29-30 hoe 2;37

2 YEROO SHAAKALU \LEEJI'UU QABACHUU;Dhugaa ba'uu dura qophiiwwan akka leenjii,dubbisuu,qayyabachuu, gareedhaan wal gorsuu , wal mariyachaa .amalaa fi aadaa saba sanaa hubachuun, akkaataa jireenya isaanii shaakaluu fi hubachuu ;Boojuu guuruuf guddaa nu gargaara.

3 QOPHII GA'AA TAASISUU ;[ wantota barbaachisoo qabatanii ba,uu]

Hamma danda'ametti wantoota dhuga ba'umsaaf nu barbaacisan kanneen akka kitaabotaa.barreeffamoota dhugaa ba'umsaa . ragoolii barreeffamoota .kitaaba amantii sabichaa. Macaafa qulqulluu fi k.k.f. qabachuun tajaajilaa keenyaaf gargaarsa guddaa taasisa.

4 Qulqullummaa qaamaa ;eeggachuu fi uffata sirrii uffachuu baay'ee garii dha. [appearance ]

5 Itti dubbachuuf carraa jirutti fayyadamuu.

- Yeroo ga'aa qabachuu isaanii .
- Haala tasgabba'aa keessa jiraachuu qabna.
- Yaada isaa ilaaluu qabna.
- Iddoo jiruu sirri hubachuu qabna.
- Fedhii ittii uumumaadha

6 sochii qaamaa fi guddina sagalee haala gaariin fayyadamuu.

7 Ariifannee wangeela dubbachuu danda'uu qabna.

8 Ija keenyaa namicha to'achuu[eye contact].

9 hamma danda'ametti waan namni sun hojjechuu jiru tumsuu,

Yeroo dhugaa baanutti waantota irraa of Eeggachuu qabnu

1 waa'ee jireenya du'a garasii dubbachuu qabna.

2 falmii hin barbaachifne .

3 Doktereenii irraatti xiyyeeffachuu dhiisuu [fayyina . dubbadhu]

4 Jechoota dheekkamsiis dubbachuu dhiisuudhaa dubbii qajeelaa afaan laafaadhaan dubbachuu .

5 firdii irratti xiyyeeffachuu dhiisuu [Araara waaqayyoo lallabuu qabna].

1 jireenyi kee fi dhuga ba'umsi kee wal hin faallessin

**1 YEROO WAA'EE DHUGAA BA'IINSA WANGEELAA FII GUUTUMAA GUUTUUTI QOPHII BAALADHA.GOCHUU QABANAA.ISAANIIS**

1 Ba'aa namoota dhugaa itti baanuu baachuuf qophaafna .
2 Jaalalli nutii isaan qabanuu ittii mul'isuu qophahuu qaban.
3 Si'a tokkichaa namoota baay'ee bira geenya .
4 Ari'atama nutti dhufuuf qophii ga'aa goona.
5 Gufuu karaa dhugaa ba'iinsa keenyaa irra jiru dursinee hubanna .
6 Jechootaa fi sagalee haaraatu nuuf kennama .
7 Humna fi ayyaana dabalataa arganna
8 Ija jabina gonfanna.
9 Nuu wajjin jiraachuu irree waaqqayyoo mirkaneeffanna. kanaafuu jireenya kadhataa qabaachuun bu'uura tajaajilaa dhugaa ba'iinsaati

**2 SAGALEE WAAQAYYOOTIIN GUUTAMUU**

Akkuma loltuun biyyaa lafaa rasaasaan lolu ,loltuu wangeelaatiif meeshaan lolaa inni olaanaan sagalee waaqayyoo ti.tajaajila kamitti iyyuu ba'uun dura sagalee aaqayyoo sirriitti nyaachuu qabna. His 3;1 =dubbichaa nyaadhu hin dubbataa. Jedhee .

1mot 19;7 = karaa fagoo waan deemtuuf ka'ii nyaadhuu.

IYa 1;8= macaafni seera kun afaan kee keessaa hin bu'in

Efes 6;10-17 =fayyina akka gonfoo siliilaatti,sagalee waaqayyoo akkaa billaatti Erm 15;16 far 119;105 2phex 1;19

-Mat 4;1-11 =gooftaan yesus sagalee waaqayyoon guutamee qorumsa seexanaa hunda mo'ate Gaaffilee gaafatame mara caafamee jira jedhee deebisee xumure. Dubbii waaqayyootiin lafee dugdaa seexanaa cabse.

Utuu sagalee waaqayyootiin guutamin gaafa dhuga ba'iinsatti baanu;

1 waan dubbannu hin beeknu.
2 Gaaffii gaafatamnuuf deebii ga'aa kennuu hin dandeenyu .
3 Deemsa dhuga ba'iinsa keenyaa utuu hin xumurin karaatti kutna.
4 Milkaa'ina hin argannu ,
5 Waan salphaadhaan mo'amna.
6 Booji'uu deemnee booji'amnee gaalla.
7 Moo'icha dhabna
8 Lubbuu baayee buufachuu hin dandeenyu.
9 Diinatti harka laanna.
10 Qorumsa salphaa irraa hafuu hin dandeenyu.

Kanaafuu sagalee waaqayyoon utuu hin guutamin ba'uun afaan buleen deemsa dheeraa deemuuf yaaluu dha ,sagalee waaqayyoo malee waan jabaa jedhamu kam illee hojjechuun hin danda.amu,

### 3 SEEROTA HAFUURAA ARFAN

***Kaayyoo:****seerota kana akka hubattuu fi itti fayyadamtee dhugaa akka batuuf.*
***Galma:*** *Fayiida seerota hafuura 4n ibsuufi namootafis hiruun kiristoosin fudhachiisu.*
*# Seeronni hafuuraa arfan mala ittiin dhugaa baanu keessaa isa bu'aa qabeessa ta'eefi namoota hedduu haala salphaa ta'eef ergaa guutuu kan dabarsu akkasumas,yeroo gabaaba keessatti namni tokko Kiristoosin akka fudhaatu,****geggeessaa hafuura qulqulluun*** *dabalata tokko malee namni kiristoosin akka fudhaatu nii gargaara.*

- ***Seerrii 1ffaan…..****Waaqayyoo si jaallata lubbu keetit karoroora dinqisiisa sii laattera yoh 3;16*
- ***Seerrii 2ffaan…...****waa'ee nama cubbamaa ibsa.*
- ***Seerrii 3ffaan…...****waa'ee Kiristoos karaa ta,u yoh 14;6*

***Seerrii 4ffaan…... kiristoos fayyisa lubbuu keeenyaa gonee fachuudha*** *ibsa Efe 2;8-9*

Waraqaa [tract ] seerota bu'uraa arfan qabu fayyadamnee dhugaa ba'uura dhuga ba'umsa keenyaa fi bifa salphaan yeroo gabaabaa keessatti dhuga ba'iinsa ija qabeessa kennuudhaaf kan nu dandeessisuu dha. Isaanis

*-Trackti ykn waraqata seerota hafuuraa arfan qaban sirriitti ilaali hubadhu.*
****Seera Tokkoffaa****: Waaqayyo sijallata lubbu keetifis karoora dinqisiisaa qaba. Yoh 3:16 Yoh10:10*
*Ati jaalala fannoo jallatamte.Waqayyoo jireenyakeef karoora guddaa qaba…*

****seera Lammaffaa****:Namni cubbamaadha kanaafu Waaqayyoo irraas kan adda ba'eedha.kanaaf jaalalaaf araara Waaqayyoo beekuf shaakaluu hin danda'u.Akkasumas karoora dinqisiisaa inni isaaf qabu bira gahuu ykn beekuu hin danda'u. Rom 3:23 Isa 53:6 Rom 6:23*

# Mandara dhaabbataa lafarraa hin qabnu!

*Namni kan uumame Waaqayyo wajjin dhibaantaa akka ta'uufi.Garuu namni karaa ofii isaati waan filateef dhibantummaan Waqayyo wajjin qabu addaan cite.kuniis isa M/Qulqullun* ***Cubbuu*** *jedhee waamudha.*

***Seera sadaffaa**:furmaata seera $2^{ffaa}$ti.Karaan inni tokkichi nama gara waaqayyootti geessu Yesuus kiristoosidha.Inni qooda cubbuu keenya Waqayyoo wajjiin walitti nu araarsuuf jedhee nuf du'e.Egaa name karaa Yesuus Waqayyoon beekuu,jaalala isaa mi'eeffachuu fi jireenya isaa fi kaayyo inni isaaf qabu beekuu danda'a. Rom 5:8 1Qor 15:3-5 Yoh 14:6*

***Seera arfaffaa**:Seerota 3n duwwaa bekuun gahaa miti.inni arfaffaan:*
*Tokkoon tokkoo keenya Yesuus Kiristoosin akka fayyiisaa kenyaatti fudhachuu malla.Yoo kana ta'ee jaalalaaf karoora inni jireenya kenyaaf qabu beeku dandeenya.Yoh1:12 Efs2:8-9 Mul3:20*
*Tokkoon tokkoo keenya Yesuus Kiristoosin akka fayyiisaa kenyaatti fudhachuu malla.Yoo kana ta'ee jaalalaaf karoora inni jireenya kenyaaf qabu beeku dandeenya.Yoh1:12 Efs2:8-9 Mul3:20*

**Battala ati Kiristoosin murtessitee fudhattetti wantoonni jireenyakee kessatti ta'an:*

1. *Kiristoos jireenyakee keessa seenera. Mul3:20 Qol 1:27*
2. *Cubbuunkee siif dhiifameera. Qol 1:14*
3. *Ati mucaa Waaqayyo taateetta. Y0h1:12*
4. *Karooraaf akeeka Waaqayyo jireenya keetiif qabus shaakaluu eegalta.Yoh10:10 2Qor5:17*
5. *Guddichaaf erguu dha*

*# Wangeela jabina mataa keenyaan osoo hin taane hafuurri qulqulluun waan nu gargaaruuf dhugaa baana.Kanaaf yeroo hundaa kadhachuun barbaachisaadha.*

4 MAALIIN FAKKEEA TAANA ; 1xim 4;12

A dubbii afaan keessaa ba'uun B Akka jireenyaatiin

C jaalalaan D Amantii dhaan

E of qabuudhaan

Dubbii afaanii

Jireenya keessaa wanti guddaan dandeettii jechootatti fayyadamuu keenyaa ti .

- Jechi keenya jireenya keenya ibsa ;
- Jechi keenya ilaalcha keenya ibsa;
- Jechi keenya eenyummaa keenya ibsa ;
- Jechi keenya maalummaa keenya ibsa;

Eenyu iyyuu jecha isaa gararraa miti. Amaalli jecha [dubbii afaan keenya keessaa ba'uu ] dha.

Namni waan isaa guutuu hasaa mat 12;33-37

5 DHUGA BA'ISANSAA KEESSATTII JAALALAA KIRISTANUMAA MUL'ISUDHAA.

-jaalalaan namoota gara kiristoositti fidna ;yoo nuti wal jaal'anne warri biyya lafaa jaalalaa keenyaa harkifamanii gara kiristoos dhufu. Akkasumsa warra dhugaa itti baanuuf jaalala ho'aa qabachuu qabna . wanti humna qaba jedhuu kamillee jaalala dura dhaabbachuu hin danda'u .jaalalli alagaa fira taasisa ;yeroo jaalalaan dhugaa baanu

- Laphee namootaa ,
- yaada namootaa.
- fedhii namootaa boojina .

**6 GATII KEENYA MURTEEFFACHUU**

Gatii ofii murteeffachuu jechuun;-

-waamicha ofii beekuu

-Itti of gadhiisuu fi of kennuu

.Akkasumas aarsaa waamichi namaa kaffalchiisu fudhachuuf of qopheessuu dha.

Gatii ofii murteeffachuu tajaajiluun akkaataa lamaan ilaalama.

1 of mo,uu 2 of kennuu dha

1 OF MO,UU =-fedhaa fi amala ofiif du'anii waaqayyoof jiraachuu jechuu dha Qol 2;20 of mo'uu =miira ofii ' filannoo ofii ,yaada ofii .,fedha ofii, mo'uu jechuu dha [uma 39;7-15 ] yoosef nama miiraa fi fedha isaa mo'ate waan tureef wayyaa isaa haadha manaa mootichaa harkatti gatee dhiisee baqate ;of mo'uu yeroo hundumaa argamsa waaqayyoo keessa jiraachuundha.

2 OF KENNUU ;= jireenya ofii aarsaaf poheessuu dha

Mat 19;29 –namni maqaa kootiif jedhee ,Aarsaa wangeela nu kaffalchiisu mara kaffaluuf of qopheessuu jechuu dha ,

Mee jireenya namoota waaqayyoo tokko tokkoo haa ilaallu ;

1. MUSEEN ; mana mootii fari'oon keessaa jiraatee mucaa mootii jedhamuu irra saba waaqayyoo wajjin rakkina arguu filate .
2. DAANI'EE . ; nyaata isa xureessu nyaachuu irraa garaa isaa murate .Dan 1;8
   -waaqa tolfamaaf akka hin saadne [akka hin waaqessine ]of murteesse;Dan 3;17

# Mandara dhaabbataa lafarraa hin qabnu!

Sababa kanaaf – bobaa abiddaatti darbatame

- Boolla leencaa keessa buufame

***Duukaa ba'umsa hubachuu(Barattuummaa).***

**Kaayyoo:** *Amantoota haraa guddisuu fi duukaa ba'uumsi barbaachisaa ta'uu hubachisuu.*

**Galma:** *Amantoonni haaraan tokkummaa kiristoosi waliin qaban gara guutummaatti akka dhufan gargaaru. Filp 3:10 Qol1:28-29 ,2:2-3*

**:** *Amantoonni haraan bartoota wal baay'isan akka ta'an.*

\# *Barnoota dhugaa ba'uumsa kessatti hojiin dursaa fi inni guddaan kan Waaqayyooti. Filp 1:6 2:3 Kanaafuu:*

- *Guddisuu kan danda'uu Waaqayyo gooftaadha; fedhiif kaka'uumsa kan uumu Waaqayyoodha. Filp 2:13*

\# *Namootni bifa garaa garaan dubbisaa fudhatu. Marq 4:3-9, 14-20*

- ✓ *Tokko tokko raawwatanii dubbii isaa hin fudhatan Marq 4:5*
- ✓ *Kaan immoo dubbiichi sirriitti utuu hin galiinif fudhatani,gaafa rakkoon dhufu dafanii abdii kutachuun gara boodaatti deebi'u. Marq 4:16-17*
- ✓ *Muraasni immoo ergicha hubatanii deebii kennuu garuu wanta biyya lafaan gowwomfamanii dubbicha irraanfatu. Marq 4:18-19*
- ✓ *Warrii dhumaa immoo dubbisaa nii dhaga'u,ni fudhatu,jireenya isaanii keessattis ija godhatu. Marq 4:20*

- *Amaantoota haaraa kunuunsuu fi jireenyi hafuura isaani akka gabbatu gochuuf haalota mijataa uumuu. 1Qor 3:5-9*

*A.Dhaabuuf B.Bishaan obaasuuf C.Ruqooli hordoffii bu'aa qabessaa:*

**kadhata:Yesuus bartoota isaatif kadhatera.Yoh17;Phaawulos namootaf kadhatera Flp1:3-6*

**Sagalee Waaqayyoo dubbifachuu. Rom 10:17 1Phex 2:2 Mat 4:4*

**Jireenyaan fakkeenya ta'uu. 1Tas 1:6 ,2:101Qor 4:16 Filp 3:17*

\# *Yesuus saba hundumaa bartootako godhaa jedhe malee amantootako godhaa hin jenne. Mat 28:19*

\# *Kanaaf amantootaa fi tajajiltoota waldaa kessa qofaa tajaajilan gara barattuummaatti guddiisuu qabna.*

\# *Garaagarummaan amanaa fi bartuu:*

- *Amanaan waldaa hordofee kan deemu,kiristanummaansa waldaa keessatti qofa kan calaqqiisu fi ergaa guddichaaf kan hin qophoofnedha.*
- *Bartuun Kiristoosin hordofee kan deemu,kirstaanummaansa bakka hundatti kan calaqqisu ykn bakka hundaatti dhibbaa uumu kan danda'uu fi ergaa guddichaaf kan qophaa'edha.*
- *Bartuun kan wal bay'isuufi kan biraa barsisuun bartuu akka isaa kan uumu,ergaa guddichaafis kan wal bay'isuudha.*

\# *"Dhugaa baatota baay'ee duratti waan anaarraa dhageesse,namoota amanamoo warra kaan barsiisufis ta'anitti hadaraa kenni." 2Xim 2:2*

\# *Phaawuloos Ximootewositti,Ximootewoos namoota amanamootti,namoonni amanamoon namoota birootti……kennuu*

*DUUKA BUUTUU [bartuu]*

*Walumaagalatti wantootni yaada waaqayyoo mul'isaa qabachuu dubbii kiristos dhugaa bahuu dhaa .duuka buutuu dhugaa maali dhaa . akkaa armaan gadiitti.isaan*

*1 Bartuu dhugaan of ganuu qaba fil 2;5-11*

*2 Bartuu dhugaan fannoo dhuunfaa isaa baachuu qaba luq 14;27*

*3 Bartuu dhugaan otoo addaan hin kutiin duukaa bu'uu qaba mat 16;25-26*

*4 Bartuun dhugaan laphee qulqullaa'aa fi dhugaa kan qabaachuu qaba .*

*A garaa dhiifamaa qabaachuu*

*B garaa jaalalaa qabaachuu*

*c garaa namaaf yaadu qabaachuu*

*waldaa kiristaanaa keessattii bartuun dhugaa maaliif barbaachisee .*

*1 dhugaa wangeelaa dhalootatti dabarsuuf 2xim 2;2*

*2 Barumsa sobaa irraa hafanii jiraachuuf Efe 4;13-15 ibr 5;11 1xim 1;3*

*3 biyya lafaa keessatti ifa wangeelaa akka ibsaniif mat 5;14-16*

*4 jireenya waaqayyoon gammachiisu [ija qabu ]akka jiraataniif yoh 15;8 13;34-35*

*GUFUUWWAN BARTUU DHUGAA*

*1 Bilchina dhabuu 1pher 2;2 1Qor 13;11*

*2 kiristinaaf dhimmaa kennuu dhiisuu*

*3 sodaa akka malee*

*4 biyya lafaa waliin wal fakkaachuu [wal makuu ]*

*5 Abboomamuu dhiisuu [diduu]*

*Tooftaa bartuu dhugaa itti oomishannii fi Bu'a qabeessa itti ta'an*

*A waaqeffannaa waldaa keessatti ta'uun Qol 1;28-29 yoh 4;24*

*B garee qo'annaa macaafa qulqulluu dhaabuun luq 24''45.*

**7 TOOFTAA DHUGA BA'INSA KEENYAA**

;isaanis ;

1 HAASA KEENYAANI KEESSSANI [GARATUU MURAASA] ; namni tookko nama tokkoof dhugaa ba'uu jedhuu dha.[Yoh 9;3538]Kunis bifa salphaa fi haala obbolummaatiin wangeela lallabuu dha. Hojii keenya guyyaa dhaa gara guyyaattiu dabarsinu keessatti hiriyoota hin amanne hedduu argina .isaan kana oduu akkasumaanii itti odeessuu irraa bifa haasawaatiin wangeela itti lallabuu dandeenya.

2 LALLABAAN; mana sagadaaa keessatti ;iddoo waaqeffannaa adda addaatti '',buufata konkolaataatti'',gabaa keessatti dhugaa ba'uu [1 Qor 9 ;16 ] kunis si'a tokkichaan namoota hedduuf dhugaa ba'uu nu dandeessisa . meeshaa sagalee guddiftuu qabannee akka nama labsii labsuutti wangeela lallabuu dha .

3 DAAW'ANNAAN ; bakka hojiitti, hoospitaalatti , mana adabaatti , mana barumsaatti , walumaagala bakka namootni itti walitti qabamanitti dhugaa ba'uu. Kunis dhimmaa jireenyaa namootaa hirmaachuu namootaaf dhugaa ba'uu nu dandeessisa.

4 BARREEFFAMAAN ; Waraqaa [tract] adda addaa bittimsuun. Xalayaa jajjabinaa barreessuun . toora walquunnamtii hawaasa [ social media ] adda addaa fayyadamuun wangeela dhuga ba'uu danda;ama .